@DATETIME:'MMMM dd, yyyy'@

@ADDRESSLINE:SA,1@
@ADDRESSLINE:SA,2@
@ADDRESSLINE:SA,3@
@ADDRESSLINE:SA,4@

Lakkoofsa Galmee: @ACCOUNTNUMBER@
Teessoo Tajaajilaa: @ACCOUNT_INFO:ServiceAddress,False@

Odeeffannoo barbaachisaa waa'ee sarara tajaajila bishaanii kan manni keessan bishaan irraa argatu isiniif dhiyeessaa jirra. Sararri tajaajilaa teessoo keessan irratti argamu Liidii (lead) irraa kan hojjetame yookiin Liidii ta'uun isaa kan shakkamudha. Hamma ragaa biraatiin mirkanaa'utti akka Liidiitti lakkaa'ama. Yoo sararri tajaajila keessanii Liidii ta'e, tuubboon bishaanii mana keessnii kara Karoora Tajaajila Bishanii Godina St. Paul Liidii Irraa Bilisa Ta'e (SPRWS)" tiin tola isiniif jijjiirama.

Karooran Liidii irraa Bilisaa ( "Lead Free SPRWS" ) waggaa 10 keessatti sarara tajaajila bishaanii Liidii irraa hojjetaman hunda naannoo tajaajila SPRWS keessatti abbootii qabeenyaatiif kaffaltii tokko malee jijjiiruuf kan karoorfamedha.Manni keessan bara ijaarsaa 2026 keessatti jijjiirraa tolaa kanaaf kan ulaagaa guutuudha. Unka fedhii (intent form) interneetii irratti guutuudhaan carraa kanatti akka fayyadamtan guddaa isin jajjabeessina!

Bishaanni dhugaatii Liidii of keessaa qabu yoo dhugame fayyaa irratti balaa waan fiduuf, sararoota tajaajilaa Liidii irraa hojjetaman balleessuuf waadaa gallee jirra.

Balaa Liidii irraa dhufuu danda'u irraa of eeguuf, maddoota Liidii sarara tajaajilaa fi ujummoo/tuubboo bishaanii mana keessaa jiran hunda jijjiruun barbaachisaadh. Tajaajjilli jijjiirraa tolaa kun tumsa maallqaa jiru irraatti kan hundaa'u ta'uu isaa hubadhaa. Yoo yeroo kanatti jijjiirraa kana diddan, gara fuulduraatti gargaarsi argamuun isaa mirkanaa'aa miti. SPRWS sirna keenya fooyyessuuf kutannoo qaba, akkasumas tuubboo tajaajila Liidii karaa guddaa irra jiran ni jijjiira.

***Jijjiirraa sarara tajaajila liidii irratti hirmaachuuf, maaloo unka fedhii interneetii irratti argamu har'uma stpaul.gov/ServiceMaterialMap*** →

# Kan Gochuun Keessan Barbaachisaadha

Tuubboon tajaajilaa teessoo keessan irratti argamu **LIIDII (LEAD)** ta'uun isaa ni shakkama

Tuubboo/Ujummoo Liidii keessan **TOLA** jijjiiruuf **AMMUMA** galmaa'aa

Waa'ee Liidii fi bishaan mana keessaa odeeffannoo dabalataa argachuuf **stpaul.gov/lead-free** daawwadha yookiin waa'ee Karoora kanaa gaaffii qabdan bilbilaan yookiin imeelii keenyaan nu qunnamaa.

Odeeffannoo dabalataaf, garee 'Lead Free SPRWS' lakkoofsa bilbilaa 651-266-6820 irratti quunnamaa. Isaan nama hiika afaani (translator) isiniif mijeesu.

Kom paub cov ntaub ntawv ntau ntxiv, tiv tauj Lead Free SPRWS pab pawg ntawm 651-266-6820. Yuav muaj ib tus kws txhais lus rau koj.

Wixii macluumaad dheeraad ah, kala xiriir kooxda Lead Free SPRWS lambarka 651-266-6820. Turjumaan ayaa laguu heli doonaa.

## Nu Qunnamaa

651-266-6820
lead@stpaul.gov

# Unka Fedhii Ammuma Guutaa!

## SADARKAA 1

**Kaartaa Meeshaalee Tajaajilaa SPRWS daawwadha**

*stpaul.gov/ServiceMaterialMap*

## SADARKAA 2

**Fuula simannaa dubbisaatii OK cuqaasaa**



*Odeeffannoo kuniin hubachuu keessan mirkaneessuuf saanduqa jiru keessatti mallattoo godhaa*


## SADARKAA 3

**Teessoo mana keessanii bakka barbaadduu (search bar) keessatti barreessaa**



## SADARKAA 4

**Qabeenya (mana) keessan kan halluu magariisaan calaqqifame filadhaa**




## SADARKAA 5

**Oddeeffannoo qaqqabetti (pop up window) keessatti hidhaa (link) “Submit an intent form”jedhu cuqaasaa**




## SADARKAA 6

**Unka fedhii guutaatii ergaa**




*Bakkeewwan guutuun dirqama ta’an urjii diimaatiin (*) mallatteeffamaniiru*